Seattle
Office of Sustainability
& Environment

Fandii Haqaa Naannoo Siyaatilitti iyyadhu

Waajjirri Itti Fufiinsaa fi Naannoo Siyaatil (OSE) Fandii Haqaa Naannoo amma **iyyannoo fudhachuu** isaa gammachuu guddaadhaan beeksisa. Bara kana pirojektoota hawaasa dhimma naannoo fi haala qilleensaatiin baay'ee miidhaman kan hoogganaman fi fayyadamoo ta'an deeggaruuf doolaarri kuma 250 ni argama. Kunis Gurraachota, ummatoota dhalattootta lafaa, namoota adii hin taane, godaantota, baqattoota, namoota galii gadi aanaa qaban, dargaggoota, fi maanguddoota dabalata.

Iyyannoowwan ***hanga maallaqni waliigalaa badhaafamutti ykn hanga galgala sa'aatii 5 (PT) Isniina, Onkoloolessa 20, 2024, lamaan keessaa kan dursutti, fudhatamanii ni ilaalamu***. Iyyattoonni ulaagaa guutan gargaarsa $10,000 ykn $25,000 tiif iyyachuu ni danda'u.

Maallaqni kun dhaabbilee Gosootaa fi gosoota, dhaabbilee bu'aaf hin dalagne, fi gareewwan hawaasa isaanii waliin haqaa naannoo fi haala qilleensaa tarkaanfachiisuuf hojjetaniif kan ooludha. Dhaabbanni ykn gareen hawaasaa ulaagaa guutuu qabu bara baajataa ammaa fi darbeef *baajata giddu galeessaa $500,000 fi isaa gadi* qabaachuu qaba. Pirojektoonni aartii fi seenaa himuu, barnoota hawaasaa, ijaarsa dandeettii jaarmiyaa fi hawaasaa, jijjiirama qilleensaa madaqsuu fi dandamachuu, ijaarsa dandeettii fi leenjii hojii magariisaa*, fi karooraa fi mul'ata hawaasaa irratti xiyyeeffachuu danda'u, garuu kanneen kanaan hin daangeffamne.

Waa'ee Fandii kanaa caalaatti baruu, yaada pirojektii irratti mari'achuu, ykn piropozaala dhiyeessu yoo barbaaddan, maaloo tarkaanfiiwwan armaan gadii fudhadhaa:

- Imeelii **equtyenviro@seattle.gov irratti kan argamudha** Gorsaa Gargaarsa Teeknikaa waliin wal arguuf. *Kunis iyyattoota fedhii qaban hundaaf cimsee jajjabeeffama*

- Kutaa odeeffannoo qaamaan hin raawwatamne (virtual information sessions) lama keessaa tokko irratti hirmaadhaa.
  - *Kibxata, Hagayya 27 ffaa sa'aatii 12wb-1wb* qabsiiftun zoom asi jira
  - *Isniina, Fuulbana 9 ffaa sa'aatii 6wb-7wb* qabsiiftun zoom asi jira

Akkasumas gaaffii karaa imeelii deebisuuf ni argamna, iyyattoonni fedhii qaban equityenviro@seattle.gov irratti akka nu qunnaman cimsinee jajjabeessina. Akkasumas caalaatti baruu, iyyachuu, fi haala maallaqa jiruu ilaaluuf **seattle.gov/environment/ejfund** daawwachuu dandeessu.

*kaayyoo Fandii EJ tiif hojiin magariisaa haala jijjiirama qilleensaa fi itti fufiinsa furuu keessatti hojii fi hojii jedhamee ibsama.